Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hanga Rabbiin lubbuu isaanii fuudhetti ramadaana irraa kurneessituu dhumaa keessa i'itikaafa seenaa tureani, eegasii immoo haadholiin manaa isaanii booda isaaniitii i'itikaafa seenaa turani

Aa'ishaa haadha Mu'umintootaa haadha manaa Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kan taate irraa akka odeeffametti -Rabbi ishee irraa haa jaallatu- : Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hanga Rabbiin lubbuu isaanii fuudhetti ramadaana irraa kurneessituu dhumaa keessa i'itikaafa seenaa tureani, eegasii immoo haadholiin manaa isaanii booda isaaniitii i'itikaafa seenaa turani.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Haati Mu'umintootaa Aa'ishaan -Rabbi isii irraa haa jaallatu- nabiyiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ramadaana irraa kurneessituu boodaa keessa halkan qadrii(halkan sadarkaa qabdu) barbaachuuf jecha haala dhaabbataa ta'een i'itikaafa seenaa akka turan himte, hanga Rabbiin lubbuu isaanii fuudhetti haala kana irratti itti fufani, haadholiin manaa isaaniis -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- boooda isaaniitii haala dhaabbataa ta'een i'itikaafa seenaa turani.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/4495